# Mana hidhaa keessa osoo jiranii filachuu

Minnesota keessatti yeroo ammaa murtii yakka cimaatiin mana sirreessaa seentanii (hidhamtanii) HANGA HIN JIRAANNETTI galmeen yakkaa keessan mirga filachuu keessanii irratti dhiibbaa HIN geessisu. Yeroo hidhaa keessanii osoo hin xumurin haal dureedhaan gad dhiifamtanii jirtu, ykn hordoffiidhaan hawaasa keessa akka jiraattan taasifamtanii jirtu, ykn manatti hordofamaa jirtu, ykn hojii hojjechuuf gad dhiifamtanii jirtu yoo ta'e (work release), filachuudhaaf ulaagaa ni guuttu.

## An ulaagaa nan guutaa?

**Filachuu danda'uudhaaf, kana ta'uu qabdu:**

1. Lammii U.S. ta'uu;
2. Umuriin keessan Guyyaa Filannootti yoo xiqqaate 18 ta'uu,
3. Guyyoota 20'f jiraataa Minnesota ta'uu;
4. Yeroo ammaa murtii yakka cimaatiin mana amala sirreessaa keessa (hidhamtanii) jiraachuu dhiisuu
5. Mana murtiitiin gama seeraatiin ga'umsa akka hin qabnetti kan HIN lakkaa'ame ta'uu;

Hubachiisa: Guyyaa Filannootti mana hidhaa seenuuf jirtu yoo ta'e, ammallee isinitti hin murtoofne yoo ta'ee, fi murtiiwwan yakka cimaa duraanii (yoo jiraateef) irraa qulqullooftaniittu yoo ta'e, sadarkaan keessan ulaagaa 4ffaa ni guuta..

## Haala seeraa keessan adda hin baafannee?

Yeroo tokko tokko garaagarummaan himannaa yakka cimaa fi murtoon yakka cimaa gidduu jiru waliin nama dhaha. Waa'ee haala seeraa keessanii caalaatti baruuf abbaa seeraa keessan waliin haasa'aa.

## Galmooftanii jirtuu?

Yoo galmooftanii jirtu ta'ee fi maqaa fi teessoon keessan hin jijjiiramne yoo ta'e, qondaala amala sirreessaa keessanii waliin wal quunnamtanii iyyata waraqaa filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu gaafachuu ni dandeessu. Teessoo mana hidhaa akka teessoo poostaa iyyata waraqaa filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuutti irratti barreessuu ni dandeessu. Waajjirri Filannoo iyyata keessan erga fudhatee booda waraqaan filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu mana hidhaa keessanitti poostaadhaan isiniif ergama.

## Hanga ammaatti hin galmoofnee?

Akkasumas qondaala amala sirreessaa keessanii waliin wal quunnamtanii iyyata waraqaa filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu gaafachuu qabdu. Waajjirri Filannoo iyyata keessan erga fudhatee booda, waraqaan filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu meeshaalee galmee filattootaa waliin poostaadhaan isiniif ergama.

Milkaa'inaan galmaa'uuf teessoo dhaabbataa (teessoon dhaabbatichaa fudhatama hinqabu) isin barbaachisa. Akkasumas lakkoofsa Hayyama Konkolaachisummaa, lakkoofsa Eenyummeessaa Naannoo, ykn lakkoofsa wabii hawaasummaa keessan beekuu qabdu.



Iyyata waraqaa filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu qondaala amala sirreessaa keessan gaafadhaa. Sana booda Waajjirri Filannoo Kaawuntii Hennepin waraqaa filannoo qaamaan osoo hin argamin filachuu poostaadhaan isiniif erga. Waraqaan filannoo erga guutamee booda gara Waajjira Filannootti deebi'ee ergamuu qaba.

612-348-5151 | voteroutreach@hennepin.us

Sa'atii hojii: Wiixataa hanga Jimaataatti ganama sa'a 8 hanga waaree booda sa'a 4:30 tti

hennepin.us/elections

60-100-26B-23